Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Imala Phaawuloos ajaa'ibsiisaa



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Garbooti Waaqayyoo Phaawulosii fi Silaas mana hidhaa keessa turan. Hamaa tokko illee utuu hin hojjetin - seexana dubartii keessaa baasa. Sababa kanaaf hidhaman, rukutuun itti cufan.





Phaawuloos fi Silaas in aaru jettee in yaadda. Garuu isaan hin aarre. Dhugaan jiru garuu, halkan walkkaa lamaan isaanii mana hidhaa keessatti faarsanii Waaqayyoon kadhata! Namooti hidhamanii mana hidhichaa keessa jiran isaan dhaga'an.

3

Akka tasaa faarfannaan dhaabbate. Manni hidhaa akka raafamuuf Waaqayyoo KIRKIRA LAFAA itti erge. Balbaloonni mana hidha hundumtuu baname. Waan hundumtuu adda baba'e.



4

Oh .. oh! Eedduun mana hidhaa hidhamtooti ba'an fiiganii ba'an jechuun waan qabatu dhabee. Hidhamaan tokko yoo ba'e du'aan waan adabamuuf ariidhaan billaa isaa manneedhaa baase.

5

Garuu Phaawulos hin waameen, "Wanti hamaan hin jiru hojii kee hojjedhu, hundumti keenya as jirraa jedheen." Edduun mana hidhaa yeroo isa Phaawuloos jedhe arge, "Gooftaa koo ooluuf maal gochuun qaba jedhee." Yasus Kirstoositti amani in fayyita, atii fi maatiin kee in fayyitu, jedhniin. Gammachuudhaan eeduun mana hid-hichaa amane.



6



Guyyaa itti aanus isaan gadhiise, Phaawuloos fi Silaas magaalota danuutti imalanii, waa'ee Yesus sabatti himan. Namootin muraasin amanan, warri biroon ammoo isaan miidhuuf yaalan. Garuu Waaqayyo garbicha isaa waliin jira.

7



Halkan guyya tokkoo, Phaawulos sa'aatii tokkoof in kadhate. Namichi dargaggeessi tokko foddaa baname bira taa'ee jiru hirribaan fudhatame. Waan ta'u tilmaamuu dandeessa.

8

Namin hundumtuu dargaggeessichi akka du'etti beeu. Garuu Phaawuloos gara isaatti deemee ofitti hamate, "Lubbuun isaa isa keessa jirti." Namicha dargaggeessa lubbuun utuu jiranii fidanii in gammadan.

9

Phaawulosii fi Silaas yeroo gara ardii Awurooppaa irra imalaa turanitti mudannoo baayyee qabu turan. Mudannoon Phaawuloos inn guddaan kan ta'e yeroo in doonii irra tureedha. Innis doonii guddaa namootiin duraan fayyadamaa turan miti, kan Silaas garuu bidiruu, hunkurama galaanaatiin haala salphaa ta'een raafamatuudha.



10



Phaawuloos yeroo lammaffaaf yeroo hidhamu doonii irra ture. Fuula mootii Roomaatti guyyaa inni itti dhiyaate, Roomaan magaalaa gudditti biyyoolessati.

11



Qilleensi hamaan doonii dhidhimsuuf ka'e. Wushinfiriin hunkuramin galaana irraa itti fufe. Guyyichi Phaawuloosiif guyyaa inni rakkoo jajjabduun isa mudatte, garee hidhamtooti isa waliin jiran biroo.

12

"Namootaa, imalli kun balaadhaan xumurama," jechuun Phaawuloos akeekkachiise. Kaappiteenni doonichaa isa Phaawulos jedhu kana hin dhaggeeffane. Galaanaa ala deeman.



13

Hunkuramin qilleensa jabaa yeroo isaan rukutu akka waan caba doonii oolchuu finyoodhaan naannessanii hidhan. Utuu dooniichi cabee du'I hunda isaanii in qaqqaba ture.



14

Doonittiin waan raafamteef balaa qaqqabuuf jedhu salphisuuf kaappiteeniin doonichaa akka gargaaraniif isaa ajaje. Gaafa guyyaa sadaffaa, akka dooniicha oolchuuf finyoo qarqara galaanaatti darbata. Gochi isaanii isaan gargaara ta'innaa.

15

Halkan keessa, ergamaan Phaawulosiin bira dhaabbachuun waanti hojjetamaa jiru hundumtuu gaariira. Yeroo Phaawulos akkas jedhee itti dubbatu warri biroon abdii horatan, "Onnee fudhadhu, namoota, Waaqan amaneef jedhii, akka natti himametti. Ta'us Odolo ta'e irra fiiguu qabna.



16

Guyyaa muraasa booda odola Maaxiyaa cinatti bidiruutti bubbeen ka'ee ture. Dhagaatti bu'ee in cabe. Namootin bishaan daakuu danda'an utaalanii gara Odolaatti akka ce'an ajaje. Hundumti isaanii utuu balaan irra hin ga'in utaalanii odolatti ce'an warra gara cabaa qaama dooniin irra turan.

17

Maalxiyaa irratti Waaqayyo humna isaa mul'ise. Yeroo ibiddaaf qoraan walitti qaban Phaawulos bofaan hiddame. Namooti Phaawuloos in du'a jedhan. Garuu hiddaa sanaan Phaawulos homaa irra hin geenye. Isa booda namooti Phaawulos waaqa tolfamaadha jedhan. Namootin dhukkubsatan baayyeen kadhata Phaawulos taasiseen Waaqayyo isaan fayyise.



18

Xumura irratti, Phaawuloos biiyya Roomaa qubate. Waa'ee isaa irratti murtii laatamu dhaga'uuf waggaa lamaa ol isa fudhate. Yeroo turtii isaa kanatti mana kireeffachuun daawwattoota simataa ture.



19

Waa'ee maalii akka Phaawuloos daawwattootatti himu inbeekama? Waa'ee mootummaa, Waa'ee gooftaa Yasus Kirstoos Waaqayyoo! Biyya Roomaatti Phaawuloos garbicha Waaqayyoo, ta'uu daawwattoo hundatti hime.



20

"Lola gaarii loleera, Fiigicha xumureera, Amantii eeggadheere," Roomaatti barreese. Macaafin qulqulluun haala xumura jireenya Phaawuloos nutti hin himu, barreefamootin biroon akka jedhutti ajaja mootii Roomaa Neroo jedhamuu morma isaa irraa aaka murame ibsa.

Akkuma lubbuun jirutti du'e-garbicha Waaqyyoo amantii guutu qabu, waa'ee Yasus Kirstoos namatti himaa ture.

Imala Phaawuloos Ajaa'ibsiisaa

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Hojii Ergamoota 16, 27, 28

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130

Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16